Barsiso 9

1. Waaqi gubbafi ammalle lafale uumiti hobaase?
-Ehe.

2. Waaqi maaf huji jala inqabane ammalle duuba inhobafne?
-Wonti akanatifi Waaqi yo tokole injirjiramu.
-Wonti akanatifi womu Waaqa huji isa hobafachiti indowani.

3. Yo Waaqi huji jala qabate, Shetanafi yokhaani jinni isa huji isa inejachisa?
-Iyyo.

4. Waaqi maaf guyya torbeso boqote?
-Wonti akanatifi Waaqi waan chufa ka Inni herege uumu ya hobaase.

5. Waaqi waan chufa guyya hagimiti hobaase?
-Guyya jaa challa.

6. Yo bokeeni gaafa qara fiite injirre, duuba Waaqi akamini lafa bisaani kenne?
-Waaqi lafa dabaanani jiise ka lafa keesa oldufe.

7. Maqaani oobru fach'aasani kami?
-Oobru Edeni.

8. Waaqi Oobru Edeni eenu fach'aase?
-Adamu.



9. Waaqi maaf Oobru Edeni Adamu fach'aase?
-Wonti akanatifi Waaqi Adamu guddo jaalate.

10. Waaqi Adamu ma ingafatini aka inni Adamu Oobru Edeni keesa kayu?
-Wonti akanatifi Waaqati Adamu uume, Adamu ka Waaqati.

11. Maro Waaqi nama ch'ufa uumefi, nama chufti ka eenu?
-Nami chufti ka Waaqati.

12. Maqaan mukha qara Waaqi wod'aka Oobru Edeni keesati oobre kami?
-Mukha Jireena.

13. Waaqi maaf Mukha Jireena wodaka Oobru Edeni keesati oobre?
-Waaqi aka Adamu mukha suni ira nyatte ammalle haga jiru ireena tau feda.

14. Maqaan mukha lameeso ka Waaqi wodaka Oobru Edeniti oobre kami?
-Mukha waan Dansaafi Hamtu ch'ufa nama hubachiisu.

15. Waan Mukha waan Dansaafi Hamtu ch'ufa nama hubachiisu, Waaqi seera Adamu kenne.
- Waaqi Adamu seere aka midaani isa inyanne.

16. Yo Adamuni Mukha waan Dansafi Hamtu gargari nama hubachiisa ira nyatte, maaniti taha?

-Adamuni indua.

17. Dooti maani?
-Waaqani gargari bahiti, ka jireena nama keenu.
-Gargari bahiti lubbuni nafa ira baatu.
-Gargari bahiti Galaana Ibida Indumanne keesa.

-Koota waan Waaqi eegi Adamu uume jed'e somna:

Ummama 2:18

18-Jennaani AABBO Waaqi waan jed'e, Nami kunini ka koba tau dansaniti, wahela isaa male tolchaafi.

-Waaqi aka Adamuni koba tau himallini fohate.

-Waaqi Adamu niiti uumiti fohate.
-Waaqi waan Adamu fedu ingafanne.

-Waaqa challati fohate aka Adamu niiti uumu.

-Waaqi maaf niiti Adamu uumiti fohate?

-Wonti akanatifi Waaqi Adamu guddo jaalate.

-Wonti akanatifi Waaqi Adamu koba tau imfenne.

Ummama 2:19-20a



19-Duuba inni biyye lafaa fuud'e bineensafi simpire gosa ch'ufa mid'aase namichatiini d'ufe, aka maqa ini baasufi laalu; tana gula bineensi ch'ufti maqa argate.
20-Duuba namicha horifi simpirreefi bineensa ala ch'ufa maqa baasefi;

-Gaafa qara fiite, Waaqi Adamu gudda lafa ch'ufa tolche.

-Gaafa qara fiite, Waaqa ammalle Adamu gudda bineensa ch'ufa tolche.

-Waaqi Adamuni bineensa ch'ufa maqa baasifi jed'e.

-Duuba, Adamuni bineensa ch'ufa maqa baasefi.

Ummama 2:20b

20-Ammo waheli isaa male keesaa d'abe.

-Waaqi namafi ammalle aka taka uume?
-Iyyo

-Waaqi akamini namafi ammalle hori aka aka uume?

-Waaqi bineensa fakeena ufi gula inuumne.
-Waaqi nama challa fakeena ufi gula uume

-Nami dandae Waaqa imbekha, ammo bineensi dandae Waaqa imbekhu.

-Nami dandae Waaqa jaalata, ammo horini Waaqa injaalatu.

-Nami dandae Waaqa fohata, ammo horini ini dandae Waaqa imfohatu.

-Yo Adamu woi herege, inni dandae hori ingafata aka isa wolini heregani?
-Iyyo.

-Yo Adamu gammade yokhaani daalane, inni dandae hori ingafata aka isia wolini gammadani yokhaani daalanani?

-Yo Adamu waan tolchu fedu fohate, inni dandae hori ingafata aka hori fohate aka isa wolini tolchani?

-Horini wahele dansa Adamu mo?
-Adamuni wahela dansa fed'a ka inni dandae hasauni.

-Maro Waaqi Adamu jaalatufi, Waaqa aka niiti Adamu uumu malate.

-Adamuni ufiti dandae niiti uumata?
-Iyyo.

-Shetanafi ammalle jinnini isa dandeete niiti Adamu uumani?
-Iyyo.

-Eenu challati dandae niiti Adamu uume?
-Waaqa.



-Guyya toko, Waaqi niiti Adamu uume.

Ummama 2:21-22

21-Jennaani AABBO Waaqi aka jaba isa rafise, duuba ato inni rafu, ch'inaacha isaa toko keesaa fuud'e, fulla suni akuma duriti deebise.
22-Duuba ch'inaacha keesaa fuud'ani kaani nama uwa tolche namichatiini d'ufe.

-Waaqa challati dandee niiti Adamu uume.

-Jabeeni Waaqa deebie indumatu.
-Wonti Waaqi tolchu indandene injirtu.

-Waaqi niiti qara uume, ammalle isii aka zawadi Adamu kenne.

-Yo nami zawadi jabdu si kenne, atini isii aka dansa inqorqoratu?
-Ehe.

-Yo nami looni si kenne, atini isaa aka dansa qorqorata?
-Ehe.

-Yo nami gaari si kenne, atini isaa aka dansa qorqorata?
-Ehe.

-Waaqi niiti kara uume, ammalle aka zawadi jabdu Adamu kenne.

-Waaqi Adamu aka dansa niiti isa qorqoratu fed'a.
-Waaqi Adamu aka dansa niiti isa jaalatu fed'a.

-Koota insomna waan Adamuni eegi Waaqi niiti isa kennefi jed'e:

Ummama 2:23-24

23-Jennaani namichi waan jed'e, "Eegi ufi jibbaad'e, lafe lafe tiyya keesaa baate, yokhaani fooni fooni kiyya keesaa bahe argad'e; uwa isiini jed'ani, waan isiini d'iira keesa baateefi."
24-Taanafi d'iirti abbaafi haad'a ufii lakifte niiti ufitiini taka taatik worri lamaani nafa takaa taha.

-Waaqi nama uwa nama d'iirati mid'aase aka worri wolfudu.
-Waaqi nama uwa nama d'iirati mid'aase aka worri woliini tau.

-Waaqi nama uwa nama d'iirati mid'aase aka worri ijolle argatu.

-Wonti Waaqi tolchu ch'ufti dansa.
-Wonti Waaqi tolchu ch'ufti qite.

-Wonti akanatifi Waaqa dansaafi ammalle qite challa.



-Waaqi waan hamtu inheregu.
-Waaqi waan hamtu injedu.
-Waaqi waan hamtu tokole intolchu.

-Waan atin seetu Adamu gammade zawadi niiti arganani?
-Ehe.

-Adamuni guddo gammade.

-Maqani niiti Adamu eenu?
-Maqani niiti Adamu Hawai.

Ummama 2:25

25-Namichafi niitini qulla yaani, ammo gaafasiwaan ch'eera imbekhani.

-Gaafa qara fiite, Adamuni waan cheera tokole inqabdu.
-Gaafa qara fiite, Hawaileni waan cheera tokole inqabdu.

-Gaafa qara fiite, Waaqi Adamufi ammalle Hawai qitte uume.

-Gaafa qarq fiite, Adamufi ammalle Hawaini waan hamtu tokole imbekhani.

-Gaafa qara fiite, Adamufi Hawaini Waaqa woliini yaani, ammalle worri guddo gammadani.